# Rabbii fi Ergamaan isaa farsoo, du'aa, karkarroo fi taabota gurguruu haraama taasisanii jiru

Jaabir ibnu Abdullaah irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ergamaa Rabbiitii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bara fathii keessa makkaatti isaanii akkas jedhuun dhaga'e: «Rabbii fi Ergamaan isaa farsoo, du'aa, karkarroo fi taabota gurguruu haraama taasisanii jiru», yaa ergamaa Rabbii, moora du'aa yoo ta'e hoo, Dooniitu isaan dibamee haguugama, gogaatu isaan dibama, namoonnis isaan ifaa ibsatu? jedhameen, isaanis ni jedhani: «Lakki, inni haraama», eegasii ergamaan Rbbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeruma sanatti akkas jedhani: «Rabbiin yahuudota irratti lola haa labsu, yeroo Rabbiin moora du'aa haraama isaan irratti taasise, isaan immoo isa baqsanii eegasii isa gurguranii maallaqa isaa nyaatani».

[sirrii] [Bukharif muslim irratti waliigalan]

Jaabir ibnu Abdullaah -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- nabiyyiidhaa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- bara fathii keessa makkaatti akkas jedhuu dhaga'e: Rabbii fi ergamaan isaa farsoo, du'aa, karkarroo fi taabota gurguruu haraama taasisanii jiru, eegasii yaa ergamaa Rabbii, moora du'aa gurguruun hoo nuuf eeyyamamaa? jedhameen, jalbaatu isaan dibamuun haguugama, gogaatu isaan dibama, namootatu isaan ifaa qabsiifata waan ta'eef, ergamaanis, lakki, gurgurtaan isaas haraama jedhani, eegasii ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- yeruma sana akkas jedhani: Rabbiin yahuudaa haa dhabamsiisu isaan haa abaaru; yeroo Rabbiin moora horii haraama isaan irratti taasisetti, isa baqsanii, eegasii qibaatii isaa gurguruun isa nyaatani.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee